VICTORIANombudsman

Cuunfaa gabaasaa – qorannoo uggurrii fi qabaa jiraattota manooma ummataa (public resident housing) 'ulaan irratti cufamuu' kan dhibee COVID-19 Adoolessaa (July) 2020 waliin wal qabatu kan ilaalu

Maaliif qoranne

1. Tilmaamaan sa'aa 4wb (4pm), Adoolessa 4, bara 2020 Qondaalli Itti-aanaa Fayyaa Victoria (Victoria's Deputy Chief Health Officer) kan Dhukuba Daddabraa (Communicable Disease) Itti-aanaa CHO ('Deputy CHO') kallattii fayyaa ummataa jiraattotaa fi namoota manooma ummataa ol-ijaarama (tower) sagal keessa gandeen naannoo Melbourne Flemington fi North Melbourne keessa jiraataniif qajeelfama fayyaa ummataa baasee ture.

2. Kallattiin kunneen – yeroo sanitti, qoqqobbiin guddaan deebisa COVID-19 jecha Australia keessatti kenname tilmaamaan qe'ee namoota 3,000 hatattamaan 'ulaan irratti cufame'.

3. Daba kan falmu (Ombudsman) jiraattota, kanneen hawaasaaf dubbatan fi Viktoriyanota yaaddoon itti bulte irraa namoota mannen dhedheeroo (towers) manooma ummataa keessa jiraatan yeroo ulaan itti cufamtee turteen kan wal qabatu komii yookaan quurrama 85 ol tahu itti dhihaatee ture.

4. Qoratootni Daba Falman (Ombudsman) akkasuma gara araddaa manooma ummataa North Melbourne deemuudhaan kanneen hawaasaaf dubbatan, hojetoota Sardama balaa (emergency service staff) fi bakka buutota Damee Fayyaa fi Tajaajila Namummaa (Department of Health and Human Services ('DHHS') – abbootii manaa (landlord) fi gaafatamtoota waliin gaafatamummaa gaggeessama dhimma kanaa waliin dubbatanii jiran.

5. Adoolessa 16 bara 2020, Daba Falmaan (Ombudsman) yeroo ulaan irratti cufamee turetti qabaa namoota irra gahe kan 33 Alfred Street, North Melbourne – manooma ummataa kan mana keessatti qoqqobbii yeroo dheeraa keessa turan qoratuuf murteesse.

6. Qorannoon kun ulaan cufamuun *Chaartera Mirga Namoomaa fi Seera Gaafatamummaa 2006* (Vic) ni hordofaa isaa qoratee jira. Akkasuma illee kan inni tilmaama keeysa galche:

   - haala namootni bakka 33 Alfred Street jiran keessatti uguraman
   - qunnamtii beekamaa yookaan sirnaawaa (official communication) jiraatotaa fi kanneen bakka bu'anii dubbataniif waliin taasisame
   - namootni yeroo uggurrii jala turanitti akka qilleensa haaraya, sochii qaamaa (exercise), kunuunsa fayyaa (medical care) fi dhiheessii wal'aansaa (medical supplies) hin arganne qoqqobbii isaan irra ture

7. Daba kan falmu (Ombudsman) itti bahi bakka 33 Alfred Street argame araddaalee manooma ummataa Melbourne kaan waliinis akka wal fakkaatu hubatee jira.

Waan nuti argine

Dhiibbaa uggramuu

8. Dhibeen daddabraa COVID-19 kan bakka 33 Alfred Street waliin wal qabate kan jalqaba ifatti beekame Adoolessa (July) 2 bara 2020 yeroo sadarkaa eegala 'weerara lammeessoo' ('second wave') Victoria kan dhibee dhukuba COVID-19 waliin wal qabatuu dha.

9. Osoo dhibeen dhukubaa facawuu hin eegalin DHHS Karoora Dhibee Daddabraa Ittiin Gaggeessan (Outbreak Management Plan) araddaalee manooma ummataa Flemington fi North Melbourne yookaan bakka ummatni Melbourne keessaa walitti tuutawee jiraatuuf qophii hin qabu ture. Qajeelfamni Godinaa (State) fi kan Federaalaa waanneen 'eeggannoon godhamuufii qabu' ('sensitive') fi balaan isaa ol aanaa tahe ('high risk) galmeen akkasii qopheessamuu akka qabu akeekee jira.

10. Gara halkanii, Adoolessa (July) 3 bara 2020 dhibeen COVID-19 gara kudha lamaa tahan kan manneen dhedheeroo (towers), manooma ummataa (public housing) sadii araddaalee Flemington fi North Melbourne keessatti mirkaneessame.

11. Marii taasisametti aansee walgahiin bakka buutotaa ganama sa'aa 11:00wd Adoolessa 4 bara 2020 akka itti dhibee daddabraa kana tarii deebii itti kennuun danda'amu irratti yaadni dhihaate. Yaada kenname kana jalattis jiraatotni manneen dhedheeroo manooma ummataa hubamni mudate kanneen keessa jiraatan mana isaanii keessatti guyyoota jalqabaa shaniif qofaatti bahuun (quarantine) akka isaan barbaachisu yaadni kenname.

12. Hangafoonni qondaalota DHHS, Itti-Aanaa CHO (Deputy CHO) dabalee qindeessamni kun tilmaamaan sa'aa 36 keessatti eegaluun kan hin eegamne tahuun beekamee, isaanis walgahicha dhiisanii bahan.

13. Duuba, gara sa'aa boodaa, Adoolessa 4 bara 2020 Itti-Aanaan CHO, akki itti gaggeessamu (operation) akka dhiheessamu murtiin taasisamuu quba qabaachisame. *Qajeelfamni Seera Fayyaa fi Nageenya Ummataa 2008* (Vic) (*Public Health and Wellbeing Act 2008* (Vic)) jalatti taaisamee guyyuma sana sa'aa booda eegaluuf ture.

14. Murtiin kun Gumii Kaabinetii Goolamaa (Crisis Council of Cabinet) marii addaa kan Ministeerota Mootummaa Victoria Primiyeri gaggeessamuun kan murtaawuu dha.

15. Kunis humna uggura sardamaa (emergency detention power) kan dhibee daddabraa COVID-19 gaggeessuuf hawaasa Victoria keessatti, ulaa itti cufuu (hard lockdown), kan bakka namootni tuutaan jiraatan bakka kami iyyuu Australia keessaa dhibee dhukubaa addunyaa kana irraa deebii itti kennuuf isa jalqabaa ti.

16. Osoo qindeessamni ulaa irratti cufuu hin labsamin dura Itti-Aanaan CHO (Deputy CHO) mirga namoomaa ilaalcha keessa akka galchuuf daqiiqaa 15 qofatu kennameef.

17. Bakka dhibeen kun babal'ataa jira jedhametti qoqqobbiin fayyaa ummataa dabalaa akka irra kaayyamu ishii amansiisu iyyuu Itt-Aantuun CHO (Deputy CHO) filmaata biraa jiraatuu maluuf hoganoota hawaasa aad-danuu waliin dubbatuuf utuu hiree argadhe tahe wayya ture jedhte.

18. Kallattii kenname yoo mallatteessite illee Itti-Aantuun CHO (Deputy CHO) ulaan irratti cufamuun (lockdown) guyyaa tokkoof tursamuun to'annoo daddabraa dhibee dhukkubaa taasisuu irratti jijjiirama guddaa addaa fida kan jedhu na hin amansiifne jechuun warra qorannootti dubbatte.

Hujii irra oolmaa (Implementation)

19. Warreen ulaa irratti cufuu (lockdown) dhaqqabuuf karoorfatan nyaata, akkasumas kan fayyaa fi gargaarsa namoomaa, namoota kumootaan lakkaayaman kan haala kanaan miidhamuu danda'an gargaaruuf hatattamaan qindoomina isaa bu'uuressuu fi hujeessuu qaban.

20. Tajaajiltootni ummataa (public servants) fi kanneen afaan hiikan beekumsa isaa itti qabaniif Yeroo gabaabaa keessatti gargaarsi qindeessamuufiin barbaachise. Namootni hojii kanatti bobba'anis akka itti dhibee dhukubaa kana dhorkuu fi to'atuun danda'amu irratti gorsa hundee irraa argatuu barbaachise. Yeroo kanatti tarsimoon hawaasa ittiin keessatti hirmaachisan fi hoganoota hawaasa aad-danuu haala dhimmi kun ittiin qabamu hubachiisan bu'uressuu barbaachise.

21. Yoo haala kana furgaasuuf cichoominni qindoominaa jiraate illee yeroo ulaan irratti cufamuu eegaletti wanneen qindaawuun irra ture hedduun boodatti harkisatan yookaan hanga takka qofatu dalagame.

Qabaa ummata 33 Alfred Street

Beeksisa ulaa irratti cufuu (lockdown) fi eegumsaa (safeguards)

22. Gara galachiin Kallattii Uggurrii (Detention Directions) – afaan English kan qopheessame akeekaa fi ibsa ummatni ittiin ugguramaa jiranii kan ibsuuf yeroo ulaan irratti cufamuu eegaletti hin raabsamneef. DHHS abbootii warraa gariif garagalcha galmee kanaa haga guyyaa sadaffaa gargaarsi eegaleetti hin laanneef. Akeekaa fi haala ittiin ulaan irratti cufamuu jiraatotaaf ibsuun ni tutture yookaan yeroo irratti hin kennamne.

23. DHHS waa'ee jiraatota bakka 33 Alfred Street ugguramanii galmee jiru guyyaa guyyaatti sirnaan gilgaalee waan dhiheesse hin qabu kun ammo Seera Labsii (Act) Fayyaa fi Nageenya Ummataa 200 (6) (section 200(6) of the Public Health and Wellbeing Act) cabsee jira.

24. Odeeffannoon jiraatota ulaan irratti cufameef hiramees akka seera labsii Fayyaa fi Nageenya Ummataa 185 (1) kan komii dhiheessuuf dandeettii itti qaban calaqisiisu hin turre.

Qillensa haaraa fudhatuu fi sochii qaamaa alaa

25. Jiraatotni bakka 33 Alfred Street ulaan irratti cufamee hanga turban lammeessootti sochii qaamaa ala bahanii godhchuun hin hayyamamneef. Kun ammo fayyaa fi nageenya isaanii irratti balaa qabaatu dabale.

26. Namootni yaaliidhaaf akka qilleensa fudhatanii fi sochii qaamaa taasisan Adoolessa 11 bara 2020 ala baasaman dallaa yookaan dalasaa yeroodhaaf cufamee jiru keessatti hordoffii Victoria Police jalatti akka hirmaatan taasisame. Kun saphlinaa fi namooma hin-qabne (inhumane) dha.

27. Qilleensa fudhatuu fi sagantaa sochii qaamaatiin wal qabatee kan jiraatotni mana keeysaa ala deeman hojettoota fayyaatiin tiksaman, kan gorsa dhimma fayyaa ummataatiin wal qabate haala akkasii keessatti sababa gahaa miti jechuu miti.

28. Yeroo fuula lammeessoo ulaan irratti cufamuu (second phase of the lockdown) keessas sagantaan qilleensa fudhatuu (fresh air) fi sochii qaamaa (exercise) akka kallattiin fayyaa ummataa jedhu waliin gara jalqabaa irratti wal fudhataa hin turre. Kunneen fi qoqqobbiin kan biroon yeroo kana keessa jiraattota irra kaayame Seera Labsii Fayyaa fi Nageenya Ummataa (Public Health and Wellbeing Act) kan eegu tahee hin mul'anne.

Dirqisiisuu (Enforcement)

29. Akka jiraattotni, kanneen bakka bu'anii dubbatanii fi hojjetootni fayyaa takka takka dubbatanitti uffata addaa (uniform) kan uffatan Victoria Police lakoysi guddaan akkasitti ulaa irratti cufuu keessatti hirmaatuun barbaachisaa kan hin tahin fi naatoo dhabiinsa (insensitive) akka tahe namootni baay'een bakka 33 Alfred street jraatan ibsan.

30. Yaadni ulaa irratti cufuu kun kan dhimma baasutti maree yokaan wal falmii (debate) bakka buutota keessoo (inter-agency) gidduutti kan hin taasisamin yookaan kallattii gorsa Itti-Aantuu CHO (Deputy CHO) irraa kenname irratti kan hundaawe hin turre. Walumaa gala, gaggeesama hojii kanaaf DHHS dirqama abbomsamaa kan qabuu fi kanneen manicha dhuunfata isaanii jala tahe (social landlord) qub-qabeenyi gahaan, akki itti police gandichatti bobbaasaman maal akka fakkaatuu fi muuxannoon jiraattotaa maal akka tahe hubachiisni gahaan hin kennamne.

Fayyaa fi nageenya

31. Qorannoon kun jiraattotni bakka 33 Alfred Street jiraatan Yeroo ulaan irratti cufame haala wal'aansa fayyaa yeroo hatattamaa dabalee akka itti kunuunsa fayyaa argatan akkaataa itti qindeessame quufsaa tahuu hubate.

32. Haa tahu malee amma illee rakkoo gudguddaan waa'ee wal'aansa fi wanneen wal'aansaan wal qabatan jiraattotaaf dhiheessuu rakkoo guddaan ni ture.

33. Dhimmoota hedduu bulchitootni kan ulaa irratti cufame irratti aboo qaban kanneen wal'aansa fayyaa daddaffii isaan barbaachisu kan tursame yookaan moggeessame (neglect) qorannoon kun adda baasee jira. Bakka kaanitti jiraatotni wanneen jireenya guyyuuf isaan barbaachisu argachuuf tola-oltota (volunteers) maatii yookaan hawaasa isaanii irratti irkatuuf dirqamanii jiran.

34. Dhiheessii wal'aansa fayyaa ilaalchisee gaaffilee jiran deebisuuf sirni giddu-galeessa tahe ittiin gaggeessamuu fi kan walitti qindeessu jiraatee DHHS irra keessaa kan tiksu osoo tahee bu'a qabeessa taha ture.

35. Caasesma hojii sirnaawaa, hunda kan hammatee nageenya jiraatotaa kan to'atu osoo jiraatee balaa fayyaa fi nageenyaa ulaan irratti cufamuudhaan dhufu ni hir'isa ture.

Danummaa Aadaa fi afaanii (Cultural and linguistic diversity)

36. Dhiibbaa ulaa irratti cufuun fidu quba qabaachisuuf hoganootni aad-danuu hawaasa hin mariyachiisamne.

37. Erga ulaan irratti cufameen booda DHHS maree hawaasa aad-danuu waliin yoo eegale illee gara jalqaba isaa irratti if irraa dhiibuu fi amala ittii waliif hin galle calaqisaa yoo ture illee yeroo keessa garuu wayyaawee jira.

38. Akkasuma illee waa'ee ulaan irratti cufamuu ilaalchisee afaanota hawaasaan qopheessuu fi facaasuun boodatti harkisate. Caalaatti yaaddessaan ammo, waanneen afaanitti hiikamanii qopheessaman akeekaa fi ibsa ulaan irratti cufamuu ibsu hanga guyyaa shanaffaa fi jahaffaa tarkaanfiin fudhatameetti hin raabsamne.

39. Yeroo galgala jalqabaa haala sardaa tahe keessatti ulaan irratti cufame afaan hiiktotni beekumsa itti qaban (qualified interpreters) araddaalee manooma ummataa Flemington fi North Melbourne keessa jiraniif dhihaatuu dhabuun jiraatota takka takka akka isaan waan tahaa jiru baruuf gargaarsa afaaniif ollootaa fi hawaasa isaaniif dubbatu irratti irkatan isaan taasise.

Mirga namoomaa waliin wal simuu (Compatibility with human rights)

40. Dhibee daddabraa COVID 19 ittisuuf jecha jiraatota bakka 33 Alfred Street jiraatan irra yeroodhaaf uggura kaa'uun tarii barbaachisaa yoo tahe illee qoqqoobbiin jarjartiidhaan Adoolessa (July) 4 bara 2020, qophii of-duree takka malee yookaan osoo gorsi fayyaa beekame akka itti haala dhibee kanaa qabuun danda'amu hin kennamin eegaluun sababummaa kan hin qabne, mirga namummaa bilisummaa mulquu waliin wal simata.

41. Dhugaatti, rakkoolee hedduun ulaan irratti cfamuu waliin wal hidhatan tarkaanfii fudhatuun itti hariifatuu irraa kan ka'ee dha.

42. Kanneen qoqqoobbii ulaan irratti cufamuu irraa kan ka'e hubamaniif mirgi namoomaa isaanii ilaacha keessa galchamuu dhabuu, Itti-Aantuun CHO rakkoo kana hubannoo keessa galchuuf daqiiqaa 15 gadi kennamuun quufsaa akka hin tahin qorannoon kun ibse.

43. Akkasumas tarkaanfiin fudhatame akeeka fayyaa ummataa (public health objectives) waliin hangam walitti araaramuu akka danda'u tattaaffii cimaan fudhatamuun akka irra ture ibsa. Sababoota hedduu irraa ka'amee akki itti ulaan irratti cufamuu hojii irra oole yaaddii jiraatotaa tahuun guutummaatti hubatamaa dha.

44. Dhuma irratti, ulaan irratti cufamuu hordofee jiraatotni hedduun fi qondaalotni DHHS hangafootni (Senior DHHS officers) kanneen qorannoo kana keessatti muuxannoo qaban qoodan amantaa ture bakkatti deebisuun barbaachisaa tahuu ilaalchaa waloo wal fakkaatu qabaatuu isaanii dubbatan.

Yaada (Opinion)

Daba kan falmu (Ombudsman) Seera Labsii Ombudsman Vic Keeyyata 23 (1)(a) (section 23(1)(a) of the Ombudsman Act 1973 (Vic) jalatti yaada itti aanu kana tolche:

1. Qophii of duree takka malee ummatni bakka 33 Alfred Street jiraatan Adoolessa (July) 4 bara 2020 ugguramuun seera faallesse, sababni isaas:
   - *Seera Labsii 2006 Chaartera* (Vic) *Mirga Namoomaa fi Dirqama (Charter of Human Rights and Responsibilities Act 2006* (Vic)) waliin wal hin simu
   - Mirga namoomaa kan sirnaa kaanis tilmaama keessa hin galchine.
2. *Kallattii Uggurrii (Detention Directions) (33 Alfred Street)* hordofee namoota bakka 33 Alfred Street jiran ugguruun mirgaa fi bilisummaa waliin kan wal hin simanne, faallaa *Seera Labsii 2006 Chaartera* (Vic) *Mirga Namoomaa fi Dirqama (Charter of Human Rights and Responsibilities Act 2006* (Vic)) ti.
3. Uggura jiraattota bakka 33 Alfred Street keessa jiraatanii yoo xiqqaate guyyaatti Yeroo tokko akka ilaalamu kan akeekame DHHS hordofuu hin dandeenye. Kun ammo faallaa *Seera Labsii 2008* (Vic) *Fayyaa fi Nageenya Ummataa (Public Health and Wellbeing Act 2008)* (Vic) ti.
4. Namootni bakka 33 Alfred Street jiraatan Adoolessa (July) 11 bara 2020 galgala sochii qaamaa godchuuf dalasaa (dallaa) yeroodhaaf itti ijaaruun yookaan itti marsuun saphlinaa fi namooma hin-qabnee (inhumane) tahuu fi *Seera Labsii 2006 Chaartera* (Vic) *Mirga Namoomaa fi Dirqama (Charter of Human Rights and Responsibilities Act 2006* (Vic)) kan dhiibbatee dha.

Dabaleesa, Seera Labsii Ombudsman keeyyata 23(1)(g) (Ombudsman Act) hordofee:

5. DHHS amala (mannet) dogoggora tahe kan keessatti agarsiise:
   (a) namoota bakka 33 Alfred Street keessatti ugguraman afaan hawaasaan dabalee odeeffannoo Yeroo irratti kennuufii hanqatuu
   (b) qabaa yookaan gagaarsa isaaniif kennamaa jiru ilaalchisee komii qaban akka itti dhiheessatuu danda'an hubachiisuu irratti hanqina qabaatuu
   (c) Adoolessa (July) 4 fi hanga galgala Adoolessa (July) 11bara 2020 gidduu namoota bakka 33 Alfred Street jiraatan qilleensa fudhatuu (fresh air) fi sochii qaamaa (exercise) kennuufii hanqatuu
   (d) namoota bakka 33 Alfred Street jiraatan Yeroo uggurrii keessa jiranitti wal'aansa barbaachisaa tahe argatuu akka qaban taasisuu hanqatuu.

Yaada kenname (Recommendations)

Wanneen kaan keessaa, Daba kan falmu (Ombudsman) yaada kenneen Mootummaan Victoria:

- Ulaan irratti cufamuu hatattamaa irraa kan ka'e miidhaa fi hubaatii geessisameef dhiifama akka gaafatu
- Haala sardamaa keessatti uggurrii humnaatti dhimma bahu ilaalchisee *Seera Labsii Fayyaa fi Nageenya Ummataa* (Vic) *2008 (Public Health and Wellbeing Act 2008* (Vic)) akka wayyeessu

Akkasumas Daba kan falmu (Ombudsman) DHHS akka raawwatuuf yaadni dhiheesseef:

- bakkoolee qubsumaa ilaalcha keessa galchamanii jiran (sensitive accommodation settings) waan ilaalu ittisa daddabra dhibee dhukuba COVID-19, of qopheessuu fi deebisa barbaachisu kennuuf Mootummaan Victoria bulchiinsa sirrii tahe kennuu dhugoomsatuu akka qabu
- wal amantaa fi hirmaatnaa jabeessuuf Komishina Aad-danuu Victoria fi hoganoota hawaasaa fi jiraatota manooma ummataa waliin mariyatuu
- hariiroo DHHS fi jiraattota araddaalee manooma ummataa Flemington fi North Melbourne gidduu wayyeessuuf qama bakka buutotaa tokko yookaan tokko caalu hundeessuu

Qorannoon Daba kan falmu (Ombudsman) guutummaan gabaasaa afaan English toora itti aanu kana keessatti argama: www.ombudsman.vic.gov.au

Waa'ee gabaasaa kanaa odeeffannoo dabalaa yoo barbaadde nu qunnamuu dandeessa. Bilbili (03) 9613 6222 (ganama sa'aa 10 wd (10am) hanga waaree booda sa'aa 4 wb (4pm) Wixata (Monday) hanga Jimaataa gidduu), yookaan afaan hiikaa yoo barbaadde 131 450 bilbili (ganama sa'aa 10 wd (10am) hanga waaree booda sa'aa 4 wb (4pm) Wixata (Monday) hanga Jimaataa gidduu).